مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني – إثيوبيا

# AUTHENTICATION OF HADITH
## Redefining The Criteria
### Israr Ahmad Khan

# HADIISA RASUULAA MIRKANEESSUU ULAAGAA ISAA IRRA DEEBIIN IBSUU


Qopheessaan:
Israar Ahmad Khaan



Hiikaan:
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2021

# *AUTHENTICATION OF* HADITH REDEFINING *THE* CRITERIA

*Israr Ahmad Khan*

# Hadiisa Rasuulaa Mirkaneessuu Ulaagaa Isaa Irra Deebiin Ibsuu

ISRAAR AHMAD KHAAN

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2021 G. C**

**DF-E-TrBs-21/86**

## Kitaabota Gaggabaaboo Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa

Kitaabonni Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa walitti fufiinsaa fi gabaabinaan dhihaatan kunniin maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtuu ta'an irraa walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muummee irraa hubannaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoo maxxanfaman irraa of eeggannoon kan gulaalamanii fi dubbiftoota kakaasuufi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu. Ammas qorannoo dabalataaf gara kitaaba jalqabaa dubbisutti akka nama kakaasu abdii qaba.

Brruuleen Hadiisa Mirkaneessuu Dr. Israar Ahmad: Ulaagicha Irra Deebiin Ibsuu jedhu bara 2010 bifa guutuu ta'een xumurame. Hojii isaa keessatti, mata-duree jabaa raggaasisa hadiisa irratti ulaagaalee warroota hadiisa funaanuun itti fayyadamuu qaban ibsee, xiyyeeffannaan isaa cancalli gabaastotaa walitti fufaa fi sirrii ta'uu isaati, qabiyyee hadiisaa osoo hin taane jedha. Sababni isaas hadiisonni hedduun, osoo hadhiisota birootiin walfaallesanuu, Nabiyyicha qixa sirrii hin taanee ibsanuu fi barruu Qur'aanaa waliin kallatiin kan wal hin simatin ykn hin faallessine akka tarree keessa seenan godhe. Dabalataanis, barmaatilee eega Nabiyyiin darbanii bal'inaan mul'atan, kan hedduun isaanii kallattimaan kalaqa sobaa ta'an saaxile. Isaan kunniin ergaa sirrii kan amantii qofa kan faalan osoo hin taane, sirna siyaasaa, diinagdee fi inumaayyuu kan tumsa amantii jajjabeessu. Adda addummaan amantii fi

siyaasaa, kan warroota amantii haarawa kana mormaniin taligamu, konkolaataa hadiisaa kana yaabbachuun gara sochii walitti fufaa fi beekkamaa odeeffannoo faalleessuutti geesse.
Hadiisa seeraan alaa fi karaa sirrii hin taaneen fayyadamuun haarawa ta'uu dhabus, addunyaa walxaxaa fi saaxilamoo har'aa tana keessatti, bu'aan hadiisa sobaa fi afanfaajjii irratti irkachuu amala finxaaleyyummaa seera-qabeessa gochuu, miidhaa dhala namaa hayyamuu, keessattuu dubartootaa fi gocha balaafamaatti waamuun murtee dabarsuun daran salphaa qofa osoo hin taane hamaadhas. Dabalataanis, yeroo ammaa yaamichi adda addaa miidiyaa addunyaa hundaan babal'atuun, hadiisota Guyyaa keessa kalaqaman uumuuf kara banuun, baay'innaan maxxanfamee, asii achii tumsamee mankaraaressummaa fi duubatti-hafiinsa Islaamaa beeksisuun fa'a ni ilaalama. Murannaa fi gootummaan hadiisota akkasii sanniin hiddaan buqqisuun itti gaafatama hayyoota Muslimaa saayinsii Islaamaatiin ciccimoo ta'aniiti, hadiisota gara hiikkaan badii itti kennamee Qur'aanaa fi Nabiyyii ganuun wallaalatti geessan sana jechuudha.
***Maxxansa Israar Ahmad kan gabaabbatee dhihaate,***
*Hadiisa Mirkaneessuu: Ulaagicha Irra Deebiin Ibsuu*
*Dr. Israar Ahmad*
*ISBN hbk: 978-1-56564-449-6*
*ISBN pbk: 978-1-56564-448-9*
*2010*

## SEENSA

Jireenya dhala namaa keessatti Qur'aanaa fi Hadiisni dhimmoota sirna amantii Islaamaa hundaa fi eenyummaa isaas hoogganu. Qur'aanni jecha Rabbiin biraa (SW) qixa sirrii ta'een buufamee fi Hadiisni ammoo tooftaa fi qabatama ajajootaa fi qajeelfamoota Qur'aanaati. Rabbiin Nabiyyii Muhaammadiin (SAW) akka wantoota armaan gadii raawwatu godhe: ergaalee Qur'aanaa ummatatti geessuu, dhugummaa Qur'aana keessatti mul'ate addeessuu fi hordoftoota isaa barsiisuudha. Ibsamni (bayan) Qur'aanaa Hadiisaa fi Sunnaa jedhama.

Dhuma sanaan, dhimmoonni armaan gadii dhugaa fi Qur'aana keessatti kan addeeffamaniidha, Nageenyi Rabbii warroota Isaa fi ergamaa Isaa tole jedhan ni haguuga; tole jechuun barbaachisaadha; beekanii diduun miidhaa hamaadha; Nabiyyichi waldhabdee jireenyaa hundaafuu abbaa murteeti; ajajoota Rabbii fi Nabiyyichaa diduu fi cinatti qabuun jireenya keessatti kufaatii fi hojiiwwan namaa hunda akka hiikkaa dhaban godha.

Yeroo ammaa keessatti, Muslimoonni Hadiisarratti akaakuu afuritti hammataman: isaan jireenya keessatti barbaachisummaa isaa guutumatti dhabamsiisan, isaan caljedhaniituma hadiisota hundaa osoo sirrii ta'uu isaanii hin hubatin fudhatan, isaan walumaagalatti itti fayyadamaaf jecha hadiisota filatanii fi isaan kabaja barmaatilee Nabiyyichaatti amanan garuu tooftaa fi qabatama isaan jireenya Islaamaa fi qarooma keessatti qabaniin xiinxallaa itti dhihaataniidha.

Yeroo har'aa, Muslimoonni ilaalchaa fi yaad-rimeewwan isaanii keessatti barmaatilee Nabiyyichaatti caljedhaniituma dhihaatu Qur'aanaa fi Sunnaa irraa fagaataa deemuun daran isaaniif salphata. Fakkeenyaaf, Muslimni barnoota xinnoo qabu duuchaadhumatti Hadiisaa fi Sunnaa jaalachuun hiikkaa isaa irratti kararraa dabuu, eegasii namoota biroos jallisuu danda'a, wantoota barmaatilee Nabiyyiitiin walqabatanii ka'an cufa ragaa qabatamaatiin malee amanuun jechuudha. Haalli kun duubatti-hafiinsa Muslimaa sababoota hedduu keessaa tokkoodha. Kunis keessoo jireenya Muslimaa dadhabsiisaa deemuun amantii fi hafuuras (iimaana) miidha.

Adunyaa Muslimaa keessatti har'a keeyyatuma Qur'aanaa takkaa fi barmaatilee ykn duudhaalee Nabiyyii fedhii ummataa filatanii ajandaa ykn taatee haarawa haalli itti uuman jira. Gara birootiin, tooftaan Hadiisaa fi Sunnaa madaalawaan amantaa fi hojirra oolmaa barmaatilee Nabiyyii kanneen qabatamaan sirrii ta'uun raggaasifameen ibsamu jiraachuu qaba.

Dhugummaan raggaasifamuu isaa ilaalchisee, hadiisa walitti qabuun gosa afuriin dhihaata: hundarra ragaa dhugaa kan qabu, kan akka hadiisa Al-Bukaarii fi Muslim; kuusaalee xinnoo shakkii qaban kan akka Al-Tirmizii, Al-Nasa'ii fi Abuu Daawud; kuusaalee barmaatilee rakkoolee hedduu qabanii kan akka Ibni Maajah fi Ahmad, ammas, kuusaalee hadiisota dadhaboo fi barmaatilee Guyyaa keessa dabalaman hedduu uf keessaa qaban kan akka isaan Xabaraanii fa'aadha.

Akkuma aanga'oota Hadiisaatiin ibsame Hadiisa raggaasisuu jechuun cancalli gabaasa Hadiisni irraa dhufuu sirrii ta'urratti hundaa'a. Sirrii ta'uu Hadiisaa Mirkaneessuu keessatti

Qabiyyee irratti hundaa'uun wanti yaalame ykn xiyyeeffannaan kenname wahiituu hin jiru. Hayyoonni Muslimaa wanti itti amanan yoo cancalli gabaasa Hadiisaa ulaagaalee shanan kaayaman guutan, Hadiisichi sirriidha jedhu: cancalli gabaasaa walitti fufaa ta'uu, amalli gabaasaadhaa gaarii ta'uu, mudaa dhokataa kamuu irraa bilisa ta'uu, qabiinsi isaa amansiisaa ta'uu; fi yaada faallaa kamuu irraa nagaya bahuudha. Ulaagaaleen lamaan boodaa qabiyyee Hadiisaas gamaaggamuuf kan oolan ta'anis, hayyoonni Hadiisaa hedduun yeroo qabiyyee Hadiisaa gamaaggaman hin fayyadaman.
Garuu, Hadiisa qabiyyee isaatiin gamaaggamuu sababoonni hedduun ni deeggaru, keessattuu qixa qabiyyee faallaatiin yoo ilaalle, kan akka ijjannoo gabaasaa adda ta'ee fi warroonni gabaasan dhugummaa gabaasa sanaa beekuu dhabuu fa'a; hayyoonni Hadiisaa hedduun barmaatileen Nabiyyichaa jechoota afaan Nabiyyichaatii bahanii miti garuu hiikkaa fi ergaa burjaajii uumuu malan fa'a ta'uu malu jedhanii amanu waan ta'eef jecha.
Dabalataanis, waldhabdeen barruulee kan dhalatu yemmuu gabaasaaleen muraasni dhimmoota walfakkaatanirratti jechootaa fi hiikkaan waldhabaniidha. Hayyoonni akka waliigalaatti akka jedhanitti adda addummaa akkasii sun dogongora gabaasaa osoo hin taane, garuu Nabiyyichatu taateewwan adda addaa irratti himoota gara garaa dubbate jedhu. Sababni biraa hubannaa dhabuu gabaastota madda sirriiti: yeroo sanatti cancalli gabaasaa hedduu amansiisaadha garuu qabiyyee gabaasaa keessatti rakkotu ture. Barruu sana

akka madda rakkoo ykn mudaatti gamaaggamuu irra, gulaaltonni Hadiisaa gabaasaa sana komatan. Bakka sana, ulaagaan mudaa barruu keessa jiru ittiin adda baasan jiraachuu qaba.
Adeemsi ykn hoj-maanni qabatamaan gabaasaalee sirreessuus gamaaggama Hadiisaa dhugoomsa. Yeroma gadaa Waahellanii (Sahaabotaa) sanuu, barmaatilee Nabiyyii gabaasuu irratti xiyyeeffannaa cimaatu kenname, keessattuu qulqullina ykn sirrii ta'uu irratti. Himoonni Nabiyyichaa muraasni qixa sirrii hin taaneen gabaafamanii eegasii hayyootaan sirreeffaman silaa yeroo biroo burjaajii uumuu malu ture.
Barbaachisummaa Hadiisaa ammayyaa adda baasuuf jecha Hadiisa gamaaggamuun murteessaadha: Qur'aanaa fi Hadiisatu barnoota Nabiyyichaa hunda liqimsanii jireenya qabatamaa Guyyaa Guyyaa keenya keessatti hojiirra oolan. Kanaafuu, hiikkaa Qur'aanaa fi Hadiisaa uf eeggannoon gamaaggamamee barruunis irra deebiin hiikkamee hojiirra ooluu qaba.
Sababni gamaaggamaa kan biroo tooftaa kallattii Hadiisaa hubachuudha: barmaatileen Nabiyyichaa kutaalee seeraa fi seer-alaa, muraasni murteen walqabatan kuun ta'uu dhabuu danda'u. Barmaatileen (duudhaaleen) seeraan walqabatan kan akka Qur'aanaa, yaada namaa fi Sunnaa seenaa walitti fufiinsaa (mutawaatir) fa'adha. Yoo Qur'aanaa fi Hadiisni waldhaban, hayyoonni walsimachiisu. Yoo sun hin mijatin, duudhaaleen humna dhugummaa dhabuun Qur'aanni filatama. Barruu barmaatilee amanamaa qofatu akka madda qajeelfamaatti ilaallama, tooftaa fi qabatamaanis.

Hadiisota muraasa keessatti kalaqni jiraachuun ifa; lakkoofsi isaaniituu kumaa kitila himamee hin dhumne. Hayyoonni Hadiisaa shakkii tokko malee madda sobaa fi dhugaa adda baasuuf tattaafataa turaniiru; garuu uf eeggannoon guddaan godhamus, sirraa'ina harka dhibbaa fiduu hin dandeenye. Kanaafi kan ammas Hadiisonni Guyyaa keessa uumaman akka sirriitti ilaalamaa turaniif, sababa cancala gabaasaa isaan booda jiruu jechuudha. Sirrii ta'uu Hadiisaa beekuuf barruulee duudhaalee muraasaa maddoota bebbeekkamoo gamaaggamuun ala karaa biraa hin qabnu.
Hayyoota Muslimaa gidduu waldhabdee heddutu jira, dhimmoota jiruu fi jireenya Muslimaatiin walqabatan muraasa ilaalchisee, barruuleen barmaatilee muraasni kanneen biroo daran filatamaa waan turaniif jecha. Xumurarratti, Hadiisa gamaaggamuu ilaalchisee, itti gaafatamaa fi hojiin hayyootaa ammas hin xumuramne. Jireenya Islaamaa keessatti Hadiisni kabajaa guddaa qaba, garuu kabajni kun ifaan ifatti duudhaalee Nabiyyiitiifi malee isaan sirrii hin ta'iniifii miti.
Yaadni barruulee duudhaalee Nabiyyii waldhabuun Muslima dhimmi ilaallatu hunda biratti gaarii miti. Duudhaalee al-Bukaarii fi Muslim keessatti galmaa'an yoo dubbisnuu fi xiinxallinu, waan armaan gadii argina: gulaaltonni Hadiisaa qajeelfamoota sirnaan qophaa'anii fi waaltawoo ta'an hin fayyadamne, ammas tooftaa isaaniis xiyyeeffannaa guddaa cancala gabaastota Hadiisaatiin wal hin madaalchifne, barruu duudhaatiinis akkasuma.

## Boqonnaa Tokko
## Kijiba Hadiisa Nabiyyii Keessa Galan
## Sababootaa Fi Tarkaanfiiwwan Furmaataa

Adeemsa Hadiisaa qindaawaa keessatti, yoo cancalli gabaastotaa (sanad) sirrii ta'e, Hadiisichi akka sirriitti ilaallama, barruu isaa keessa rakkooleen jiraatanis. Hanqinoonni barruu hiikkaa walqabatan kan duudhaalee keessatti argaman hiikkamuu danda'an garuu gabaasa lameen keessaa makuu akka sirrii hin ta'initti labsuun fudhatama hin qabaatu ykn dhiibbaa hamaadha.

Kijiba dagaleen fidanii Hadiisa Nabiyyichaatti maxxansuun amala hima ykn yaalii sobaa Nabiyyichatti irkifamuudha, beekaa ykn tasa raawwatus. Boqonnaan kun duudhaalee sobaa Nabiyyichatti irkifaman kallattii seenaatiin ilaala; sababoota gara kanatti geessan baasuun ykn hordofuunii fi tarkaanfilee hayyoota Muslimaa ciccimoon fudhatamanis gamaaggama. Hayyoonni Hadiisaa himoota Guyyaa keessa kalaqaman kan hedduun isaanii kijibaa baay'ee baasan. Yemmuu beektonni Hadiisaa cancala keessatti daddabarsitoota ykn gabaastota gabaasicha ol kaasanii ibsamoota danuu ykn ibsoota maqaa sadarkaa duraa fayyadaman maqaa dhahan, kun jechamoota mallattoo kijibaa ifatti mul'isa. Hayyoonni Hadiisaa jechoota hedduu fayyadamanii duudhaa tokko fudhatama dhabsiisan, "kijiba/kalaqa", "soba", fi "bu'uura hin qabne" jechuu fa'a dabalatee.

Duudhaalee Nabiyyichaa irratti kalaqa sobaa oofuun gidduu mootummaa gonfoo "Usmaanotaa", Kaliifaa Sadaffaa keessa eegalee, jabana Aliyyii fi Mu'aawiyaa akka malee ol ka'ee,

boodas hamma mootummaa Abbaasiyyootaatti itti fufe. Kalaqoonni sobaa kunniin ta'i jedhamaniitu warroota Kaliifotarra dhiibbaa godhuu fedhanii fi warroota isaan booda dhufaniin maqaa Nabiyyichaatiin uumamanii, bu'uurummaa barruulee Islaamaa xureessanii, fedhii ufii isaanii beeksifatan. Gadaa sadaffaa bulchiinsa Usmaaniyyootaa keessa, bulchiinsa Muslimaa babal'ataa jiru keessatti mormiin siyaasaa hamma hoogganaa ajjeesutti geesse. Akka bakka bu'aa afraffaatti Aliyyiin bakka buusuun inumaayyuu warroota hoogganu keessattuu mormii babal'isee, hawaasa murna siyaasaa saditti qoqoodee walitti bu'iinsa humna lolaa fidee naannawa wal-amantaas uume.
Gareen sababa siyaasaan fottoqan Muslimoota hedduu gara ilaalcha ufiitti harkisuun injifachuu yaalan, kanaanis duudhaalee kijibaa maqaa Nabiyyichaatiin uumuun ykn bocuun ijjannowwan isaanii jajjabeessuuf yaalaa turan. Barmaatileen yeroo sana keessa kalaqaman takkaa hooggantoota balaaleffatan, ykn ammoo isaan ajajuu yaalan. Fakkeenyaaf, sadarkaan Mu'aawiyaa akkamitti akka ol kaafame namuu hubachuu danda'a, kunis duudhaalee kijibaatiin taligamuudhaani; gara kaaniin ammoo duudhaaleen isa balaaleffachuuf jecha kalaqamanis gabaafamanii jiru. Tumsaa fi faallaa Aa'ishaa, jaartii Nabiyyichaa irrattis duudhaalee heddutu kalaqame, haala isheen Nabiyyichatti heerumteen ilaalchisee, fakkeenyaaf hima armaan gadii keessatti: "Nabiyyichi akka jedhetti ummanni dubartiin hoogganamu hin milkaa'u". Dabalataanis, duudhaalee heddutu Kaliifaa Aliyyi ibn Abii Xaalib faarsuun akka waan

Nabiyyichi jedheetti kalaqaman, kan akka “ Fuulli Aliyyi hojii Rabbiiti jedhuu fa’a. Faallaa Aliyyis, duudhaan sobaa kan Nabiyyichi Aliyyitti hime jedhu: “Gaggeessi keetii miti, hidda dhalata keetii irraayis hin ta’u” jedhaamee fa’a.

Ergama farrummaa faallaa Islaamaa fi Muslimootaa, gareen seenaa Islaamaa keessatti “Munaafiqoota” jedhamu kan irra-keessa Islaamummaa mul’isuun keessi isaanii diinummaan guutame amantaa sirrii hin taane faffacaasaa turan. Naannawa jireenya Islaamaa hunda keessatti duudhaalee kijibaa uuman. Isaan keessaa tokko osoo hin du’in dura gara duudhaalee kijibaa 4000 ol maqaa Nabiyyichaatiin uumee halaala haraama godhee haraama halaala godhaa ture. Dabalataanis, duudhaalee foffokkatoon Madiinaa keessatti uumamaa raabsamaa turan barruulee bu’uura Islaamaa miidhuuf jedhamanii kalaqamuun, tokkummaa Muslimootaa keessatti hulaa uumuuf ture. Ibnu Saba’i, Yahuudichi Islaamummaa qabate, duudhaalee Nabiyyichaa fakkeessuun hedduu kalaqee hawaasaa Muslimaa keessa tamsaase. Mormitoonni faallaa Islaamaa dhaabbatan fakkeenyota duudhaalee kalaqamanii hedduun uuman , isa kanfaltii Zakaa dhoorkuurratti xiyyeeffate sana dabalatee, seera dhaalaa Islaamaas jijiiranii akka Muslimoonni walhinfuunes godhan.

Xumurri babal’ina daangaa bulchiinsa Muslimaa bulchiinsota haarawa dabalaa dhufuun hayyootuma gidduttuu walfalmii uumee sadarkaa Qur’aanaa, murtee duraa kan galma xumura dhala namaa, amala yakkaa, fi dhimmoota biroo irratti ilaalcha walfaallaa uume. Falmitootaa fi tumsitoonni ilaalchota muraasaa, kanneen akka miseensota garee amantii faan maqaa

Nabiyyichaatiin duudhaalee haarawa kalaquun hawaasa bal'aa amansiisuuf akeeka godhatanii barnoota akka amala uumama amantii fa'arratti socho'aa turan.

Falmiiwwan seeraan walqabatan ammoo yeroo seenaa Islaamaa durii sana keessatti iddoo duudhaaleen sobaa itti oomishaman kan biraati. Hayyoota seeraa bebbeekamoo biratti garaagarummaan yaadaa ykn ilaalchaa kan ture ta'us, seeraa fi qajeelfama Islaamaa akka hubannoo isaaniitti hiikaa (ijtihaad) ummata tajaajilaa turan. Carraa dhabuu ta'ee, hordoftoonni hayyoota (imaamman) gurguddoo kanniinii adda addummaa isaanii xixiqqoo ol guddisuun duudhaalee ilaalcha seeraa ufii fedhan taliguuf isaan gargaaran kalaqaa turan. Kalaqa sobaa sana keessaa tokko akkana jedha: 'Nabiyyichi akka jedhe yoo namni tokko salaata keessa harka ol kaase, salaanni isaa irraa hin fudhatamu' jedhu.

Sababni hundee kalaqa hadiisota sobaa kan biraa oduu daldalaa, hawwii ykn futuna galii biyyattii kan mootummoota gonfoo biyyoota Islaamaa keessatti raawwatuudha. Jaarraalee Islaamaa sadan duraa kan seerri Islaamummaa addunyaa gara caalutti babal'ate keessatti, daldaltoonni duudhaalee Nabiyyichaa fayyadamamanii daldala isaanii beeksifatuu turan. Hadiisota heddutu Rumaana/Tiringoo, Timiraa fi Loozii faarsuu turan. Namoonni biroo ammoo Masgiida keessatti namoota hawachuuf, ykn akka namoota amantii hawaasa bal'aa kakaasuuf yaalaniittii, hadiisota sobaa kana fayyadamuun akka oduu durii himtootaatti uf beeksisuu turan.

Sunnaa Nabiyyichaa keessatti, hayyoonni Muslimaa hadiisota kalaqaman kana ittisuuf wantoota armaan gadii raawwatan:

sunnaa Nabiyyii keessatti sirna sanadaa uuman, gabaastota Hadiisaa barbaadan, maddoota amanamoo qofa fayyadaman, seenaa jireenya gabaastotaa sassaabanii kaayan, hojiiwwan sunnaa sirrii ta'an walitti qabuu hedduu hojjatan, akkasumas hojiiwwan sirrii hin ta'in ykn hadiisota kalaqaman walitti qabuu turan. Gadaa Islaamaa duraa keessatti, wanti baratame tokko namoonni maqaa Nabiyyichaatiin hadiisota hedduu gabaasanii, gaggeessitoonni hawaasa Muslimaa deebii akka itti kennaniif kakaasaa turan. Wanti isaan kaayan Hadiisni kamuu cancala gabaasotaatiin durfamuu fi barruuleenis jiraachuu,gabaasichis maddoota amanamoo irraa gabaafamuu qaba jedhu.

Jiruu fi jireenya gabaastota Hadiisaa kumaatamaa gamaaggamuun hojii cimaadha, akkasuma dhimmi Hadiisichi sirrii, dadhabaa, amanamaa ta'uu dhiisuu ykn kijiba jedhanii adda baasuus. Hayyoonni bebbeekamoon heddutu hojii sadarkaa gabaastota Hadiisaa kana qo'ataa turan. Gamaaggamni gadi fagoo eenyummaa gabaastotaa irratti hojjatame eenyutu amanamaadha, eenyutu ammoo miti adda baase. Gabaastonni Hadiisaa bifa afuriin kaayaman: warroota amanamummaan isaanii shakkii hin qabne, warroota dadhabinni isaanii ifaa, isaan hayyoota giddutti irratti walii hin galamin, warroota ifaan ifatti kijibdoota jedhamanii beekkamaniidha.

Duudhaawwan maqaa Nabiyyichaatiin kalaqaman jaarrota darban hedduu dura dhabamsiifaman fakkaatu. Kijiba jedhamanii tarreeffamanis, hayyoonni Hadiisaa isaan qayyabatanii dhaloota isaanitti aanutti dabarsan, ergaa ifatti

kijiba ta’uu isaani mul’isu wajjiin. Hayyoonni dhalatoota boodaa keessa dhufanis hadiisa kijibaa jechuun maal akka ta’e hayyoota fuulduraa qaabachiisuuf jecha kunuunsanii tursiisan. Tokkoon tokkoon hojii gamaaggamaa ragaa gadi fagoo fi qabatamaatiin kalaqa sobaa ta’uu isaanii raggaasisa, cancala gabaasaa duudhaa galmaa’ee ture hundaaf xiyyeeffannaa addaa kenuunii fi akka itti kalaqxoonni sobaa kunniin cancala isaanii keessatti maqaalee maddoota amanamoo fayyadamaa turanis addeessuun jechuudha.

## Boqonnaa Lama
## Gumaacha Hayyoota Muslimaa
## Hadiisa Mirkaneessuu Keessatti

Boqonnaan kun gumaachaawwan hayyootaa kallattii lamaan lafa kaaya: cancala gabaastotaa fi barruudha. Tokkoon tokkoon Hadiisaa cancala gabaastota hedduu (sanad) fi qabiyyee (matn) irraa walitti qabama. Cancalli dheeraa ykn gabaabaa ta'us, maqaawwan maddootaa kan gabaasni ykn hojiiwwan Nabiyyichaa ittiin dhihaataniidha. Qabiyyeen jechoota gabaasni ittiin dhihaate ta'ee, waan Nabiyyichi jedhe ykn hojjate kan gabaasuudha. Jabana Nabiyyichaa fi waggoota kurnan sadan itti aanan keessa, cancalli gabaastotaa gaaffii keessa galee hin beeku ture. Yeroo sanatti xiyyeeffannaan waliigalaa qabiyyema Hadiisaarratti ture.

Hadiisa qulqulleessuun ykn sirrii ta'uu mirkaneessuun gadaa Kaliifaa Muslimaa jalqabaa Abuu Bakritti deebi'a. Dogongoroota irraa eeguuf jecha, Abuu Bakri Hadiisa gabaasa sahaabaa tokkoo (nam-tokkee) fudhachuu dide; hamma sahaabaan biraa mirkaneessutti. Hayyoonni dhaloota Sahaabotaa Hadiisa osoo dabalataan hin mirkaneessin fudhachuu ni ceem'an ture. Hayyoonni dhaloota sana boodaa Hadiisa tokko sirriidha kan jedhan yoo gabaastonni hunduu sirnaan amanamoo ta'uu mirkaneeffatan qofa. Walakkaa jaarraa tokkoffaa Islaamaa irraa eegalee cancalli gabaastotaa fi kuusaan seenaa jireenya isaanii Hadiisa mirkaneessuu keessatti iddoo guddaa qabaataa ture. Beekkumsi gabaastota Hadiisaa kun boodarra sirrii ta'uu Hadiisaa mirkaneessuu keessatti bal'inaan hojiirra oole. Yoo cancalli gabaasaa amanamaa ta'e,

eegasii qabiyyeen Hadiisaa cancala saniin gabaafames sirrii ta'a jechuudha. Cancalli rakkoo qabaannaan gabaasni sun dadhabaa ykn amanamaa ta'uu dhabuu mul'isa.

Hadiisa mirkaneessuun jaarraa tokkoo fi walakaaf afaanumaan ture. Gadaa Abuu Bakri keessa, kuusaaleen barreeffaman hedduun argaman, garuu rakkoolee hedduun kan guutaman turan. Hojiin guddaan al-Bukaarii hojiiwwan Hadiisota hunda caala sirrii ta'an walitti qabuudha ture. Hojii kana keessatti, Hadiisota 600,000 keessaa sunaawwan ykn duudhaawwan sirrii ta'an filachuu ture. Muslim ammoo gabaasaalee 300,000 keessaa flachutu isarra ture. Hojiiwwan Hadiisa mirkaneessuu kanneenii fi kan booda dhufan biroos cancala gabaasaaleetiin mirkanaa'an. Haa ta'u malee, namni tokko Hadiisota gabaasaaleen isaanii cancalaa fi qabiyyeenis walbira dhihaatan adda baasuu hin danda'u. Ilaalchotaa fi yaadonni adda addaa, qixa qabiyyeetiin, hayyoota muraasa biratti mul'atuu danda'u, faana hayyummaatiin yoo ilaallamu tattaaffiiwwan ciccimoo fudhatamuu malan heddutu hanqate.

Hayyoonni Hadiisaa ulaagaalee waaltawaa dhugummaa fi sirrii ta'uu Hadiisaa mul'isan shan qopheessan: walitti fufiinsa cancalaa, gaarummaa amala gabaastotaa, qulqullummaa gabaasaa, mudaan dhabamuu, fi faallaa ta'uu dhabuudha. Yoo Hadiisichi ulaagaalee shananuu guute, Hadiisa sirriidha jedhamee beeksifama. Hadiisni dadhabaan isa ulaagaalee Hadiisa sirrii kanniin guutuu dadhabeedha. Hadiisni tokko fudhatamuuf cancalli gabaastotaa kan adda hin ciccitin ta'uun dirqama; gaabaasaan tokkoyyuu cancala gabaastotaa keessaa dhabamuu hin qabu. Gabaasaan kamuu gabaastota isa duraa

irraa qaamaan dhagahuu qaba. Cancalli kamuu qajeela Nabiyyichatti ykn Sahaabotatti galuu qaba. Gabaasaan Hadiisaa kamuu Muslima amala gaarii ta'uun dirqama. Yoo didaa (kaafira), munaafiqa, gowwaa, ykn uumamaan qaamaa hin bilchaatin tahe, gabaasni isaa ni kufa. Dhumarratti, gabaasaan sun dandeettii yaadachuu cimaa fi gaarii qabaachuu qaba.

Al-Bukaarii fi Muslim hayyoota Hadiisaa irra kabajamoo fi beekamoo yeroo hundaa ta'anii sadarkaan kaayamu. Tooftaan qoqqooduu fi gamaaggamuu isaanii, ulaagaa sirnaan qophaa'e irratti hundaa'uun, tooftaa har'a beekamu kan Hadiisa mirkaneessuu kanaaf bu'uura buuse. Muummee Hadiisa mirkaneessuu keessatti sadarkaa barsiisummaa fi beekumsaa qabataniiru. Imaam al-Bukaariin, dhalataa biyya Uzbeekistaan har'aa yoo ta'u, tokkoo tokkoo Hadiisaa hojii ofii keessa galchuun dura cancala gabaasa isaa sirnaan gamaaggamee, kuusaa irra sirrii ykn madda amanamaa ta'e walitti qabe. Imaam Muslim Iraan irraa yoo ta'u, tooftama al-Bukaarii kan hordofe yoo ta'u inni garuu cancalli gabaasaa Muslim walitti qabe rakkoo qaba jedha. Miidhaginni hojii Muslim akkaataa inni Hadiisota itti qindeesseedha, gabaasaalee sirrii hunda iddoo tokkotti, barnoota tokko jalatti, akka Al-Bukaarii sana adda hin facaafne.

Hayyoonni Hadiisota ulaagaa waaltawaa ta'een hin gamaaggamne. Al-Bukaarii fi Muslim dhugummaa cancala gabaastotaa dhugummaa qabiyyee Hadiisichaas mul'isa jedhanii amanu, kanaa fi kan cancala gabaastotaa haala cimaan gamaaggaman. Yoo hojii Hadiisaa mormanis, keessattuu

sirriidha jedhanii kana amanan irratti, kallattimaa fi xiinxala cancalaa qofaani. Hayyoonni muraasni biroos Hadiisa mirkaneessuu, qabiiyyee Hadiisaa gamaaggamuu fi ulaagaa isaa kaayuu keessatti gumaacha cimaa godhaniiru. Hayyuun Mufsir Gurm Allaah al-Dumeeynii tattaaffii Sahaabonni Hadiisa Qur'aanaan walbira qabanii gamaaggamaa turuu irratti fakkeenya qabatamaa dhiheesse. Fakkeenyota kanniin bira kan gahe maloota hayyoonni kuunniin fayyadaman fudhatee rakkoolee Hadiisota keessa jiran adda baasuun, duudhaaleen turan Qur'aanaan kan mirkanaa'an ta'uu addeessuun, akkasumas duudhaalee hin beekamin, duudhaalee gara caalu sirrii ta'an, seenaa dhaabbataa, jechootaa fi hiikkoowwan hin miidhagnerraa bilisa ta'uu, seerotaa fi qajeelfamoota seera Islaamaa, fi xinneessuu fi waan hin danda'amne fa'a walbira qabuun mirkaneessaa turan.
Yemmuu tooftaa hayyoota seeraa Muslimaa qabiyyee Hadiisaarratti qoratu, al-Dumeeyniin akka ulaagaatti kan kaaye: Qur'aana, Sunnaa, waliigaltee ummataa, hojiiwwan Sahaabotaa, walbira qabiinsa qabatamaa, qajeelfamoota waliigalaa fi dhiibbaa duudhaa hadiisota hin beekaminii fa'a ifa godhe. Hunda caala, gadaa Sahaabotaa irraa eegalee, hayyoonni Muslimaa duudhaalee Nabiyyichaa kunuunsuu fi mirkaneessuu irratti xiyyeeffannaa addaa gochaa turan. Hadiisonni dursa kallattii cancala gabaastotaa fi qabiyyee Hadiisaatiin gamaaggamamaa turan. Jaarraalee lammaffaa fi sadaffaa keessa, yeroo hojiiwwan Hadiisaa gurguddoon walitti qabamaa turanitti, hayyoonni ulaagaa cancala gamaaggamuun isa keessatti murteessaa ta'e qopheessan. Hayyoonni

hundeewwan hadiisotaa qabiyyee Hadiisaa gamaaggamuu irratti ifaan ifatti dubbachaa turan. Hojiiwwan sanneen keessaa irra beekamoon hojiiwwan Ibni al-Joowzii, Ibni al-Qayyimii fi al-Dumeeyniidha.

## Boqonnaa Sadi
## Qur'aanaa fi Hadiisa Mirkaneessuu

Boqonnaan kun Hadiisa qixa qajeelfamootaa fi ajajoota Qur'aanaatiin gamaaggama. Sadarkaa Qur'aanaa Hadiisaan walbira qabuu keessatti hayyoonni Muslimaa walii galuun, waldhabdee duudhaaleen Nabiyyichaa Qur'aana waliin qaban ilaalchisee, duudhaaleen akka fudhatama hin qabaanne addeessan. Kanaafuu, akkuma dubbiiwwanii fi hoj-maanni Nabiyyichaa ibsa (*bayan*) mul'isaniin, Qur'aanaa fi ibsamichi lamaanuu walgargaaruu qabu.

Boqonnaan al-Nisaa'I, keeyyanni 59 warroota amanan waldhabdee kamuu irratti abbaan murtii akka Rabbii fi Nabiyyii Isaa ta'u nama kakaasu. Haati warraa Nabiyyichaa Aa'ishaan, tan yeroo hedduu keeyyattoota Qur'aanaa, himootaa fi hojiiwwan Nabiyyichaa fi seera Islaamaa irratti gorsituu taatee ishiidha. Adeemsi Hadiisa Qur'aanaa walbira qabuu keessatti, Hadiisni Qur'aana ykn jecha Nabiyyichaa faallessuu hin qabaatuudha, duudhaalee kijibaan Nabiyyichatti maxxanfaman diduun ishii gabaafamus. Duudhaaleen kijibaa hedduun fakkeenya himoota Nabiyyii fi himoota Nabi Ibraahim fakkeessuudhaan taasifaman. Fakkeenyaaf himoota akka: murtee duraa kan galma ykn xumura dhala namaa, Jannata seenuuf hojiin namaa gahaa tahuu dhabuu, Islaamummaatti nama jijjiiruuf dirqisiisuu, dandeettii Muusaa du'a isaa tursiisuu irratti, jallina dubartiin abboota warraa isaanii irratti godhaniif Hawwaan itti gaafatamuu ykn sababa bu'uuraa ta'uu fi kanneen birooti.

## Boqonnaa Afur
## Duudhaalee Qabatamaan Mirkanaa’oo ta’aniitiin Hadiisota Mirkaneessuu

Boqonnaan kun duudhaalee Nabiyyichaa fayyadamuun qabiyyee Hadiisaa gamaaggamuu irratti xiyyeeffate. Sadarkaan Nabiyyichaa amantootaaf sadarkaa murtii kennuu (4:65) kan murtiin isaa xumuraati (33:36). Nabiyyichi waggoota kurnan lamaaf ergama isaa raawwataa ture osoo xumura itti hin godhin dura. Kana jechuun Qur’aana nama hubachiisuun, ajajoota Rabbii jireenya Guyyaa guyyaatti hiikuun, hordoftoota isaa tumsuu fi qajeelchuunii fi jireenya isaa akkaataa qajeelfamoota Islaamaatiin jiraachuuni. Faanni ykn duukaan Islaamaa kun du’a isaa boodas itti fufuu qaba ture garuu warroota bu’aa dhuunfaa qofa argachuu fedhaniin ganame. Kana hordofuun, fedhiiwwanii fi hawiinwwan namootaa maqaa Nabiyyichaatiin ummata gidduu deddeebi’uu eegalan. Haala kanaan, Qur’aanni, Hadiisaa fi Sunnaan bebbeekamoon, amaloota duudhaalee biroo maqaa Nabiyyichaatiin uumamanii murteessuuf oolan. Nabiyyichi akka jedhe, “Yoo hojiin nama tokkoon raawwatame nuun hin raggaasifamin, kufaa ta’uu qaba fudhatama hin qabu”. Kanaafuu, wanti uumamee ture shakkii tokko malee Sunnaa fi Hadiisa akkaan sirrii ta’an ni faallessa, akka qaama Haddisaa hin ta’inittis kufaa ta’uu qaba.

Hadiisota gara garaa kan dhimma tokko qabanii garuu walfaalleessanii waldorgomsiisuun ulfaataa fi murannoo feesisa, sababas barbaada. Yoo Hadiisni tokko sababa qabiyyeen isaa duudhaa biraatiin walfaallessuuf jecha kuffifame, kana raawwatuuf sababa cimaa feesisa.

Walumaagalatti, yoo Hadiisaa fi Sunnan waldhaban, kan lammataa filatamuu qaba.
Fakkeenyaaf, duudhaan tokko Muslim irraa akka gabaasutti: wanti raawwatu kamuu karoora ykn murtii dura dabarfameeni, kanaafuu akka duudhaa kanaatti, galii ykn hiree nama tokkoo dabaluun hin danda'amuudha, guyyoota jireenyaa nama tokkoos akkasuma. Kanaafi kan Nabiyyichi yeroo naa dheeressii fi galii naa dabaliif hin kadhatinaa jedhee gorsaa ture. Gabaasni kun Hadiisa biroo kan Anas Ibni Maalik gabaaseen walfaalleessa, kan Nabiyyichi hojjattuu isaatiif daballii qabeenyaa fi ijoollee baay'ee kadhateefi jedhuun jechuudha. Duudhaalee lamaan walitti ciifsuun ulfaataa fakkaata; garuu kan duraa hima tasa Nabiyyichatti irkifame yoo ta'u, gabaasni lammataa raawwii Nabiyyichaa kan mataa isaa (Sunnaa) dha.

## Boqonnaa Shan

## Dandeettii Yaaduu Qabatamaatiin Hadiisa Mirkaneessuu

Yaaduun argama namaa keessatti gahee guddaa taphata. Dandeettii yaaduu kanatu sadarkaa ilma namaa dacheerratti olkaasee, hojirra oolmaan qixa sirrii kanaan namummaa ufii mirkaneessa. Qur'aanni dandeettii beekkumsa namarratti xiyyeeffannaan guddaa kenna, kanaanis amantiin dhugaa fi hojiin gaariin qajeelcha yaaduutiin ala hin danda'amu jechuu mul'isa. Ergamtoonni Rabbii hunduu hordoftoota isaanii ergaa guddaatti affeeran, muummee waan yaaduu isaanii akka fayyadaman waaman. Yoo xiinxalli beekkumsaa Qur'aana hubachuuf kan gargaaru ta'e, Qabiyyee barruulee Hadiisaa hubachuu danda'uunis waan ifa jiru.

Qixa kanaan, ulaagaa yaaduu danda'uu waanuma salphaa akka dandeettii beekkumsa keessoo qofatti addeeffamuu hin qabu, garuu ammas akka 'sammuu dammaqaa' ykn 'yaada sammuu' ti. Kunis dandeettii itti gaafatama fudhachuu qajeelfamoota Islaamaatiin buluu: Rabbiin beekuu, haqaa, amanamummaa, dhugummaa, giddu-galeessummaa fi iftoominaa fa'a uf keessatti qabata. Qajeelfamni kun Hadiisa beekkamaa al-Bukaarii, Muslimii fi hayyoota biroon gabaafameen hojiirra oola. Hadiisichis akki jedhu Nabiyyii Muhaammad qofatu Guyyaa Qiyaamaa dhala namaatiif jaarsummaa (shafa'aa) gochuuf dandeettii qaba jedha. Garuu Hadiisa keessatti Nabiyyoota bebbeekkamoo afurtu (Aadam, Nuuh, Ibraahimii fi Muusaa) Rabbiin (furmaata) gaafachuu qaaneffachuu isaanii ibsame, achi dura yakkoota hojjatanii waan turaniif jecha. Duudhaan sun ammas Iisaas mirga namoota gargaaruu irraa

mulqe, Muhaammad qofatu mirga ykn kennama jaarsummaa dhaabbachuu qaba jedhee.
Duudhaa kana keessatti, Aadam akka yakki isaa baala irraa dhoorkame nyaatuu ta'e mul'isa, garuu diduu hin qabu ture, Rabbiin dhiifama gaafatee Rabbiinis dhiiseefii jira waan ta'eef jecha. Nuuh dogongora ummata ufii irratti dhabama kadhachuu hime, kuni garuu akka haqaatti yakkaa miti. Dhugaan jiru garuu, akka Rabbiin dachee irratti nagayaa fi haqa fidu Isa kadhate, kanaanis ilma namaa baraaruuf yaade, kana keessaa sadarkaan duraa yakkamtoota hawaasaa dacherraa qulqulleessuudha. Akka haqaatti, kadhaan isaa dhala namaa baraare. Ibraahimiin yoo ilaallu, Rabbiin mataan Isaa akka "Nama Dhugaa" jedhee ibseeni. Muusaan nabiyyummaa isaatiin dura nama ajjeessuu himee, garuu tasa ajjeese, itti yaadeetii miti, nabiyyoomaan dura waan raawwateef balaaleffatamuu hin qabaatu. Nabiyyoonni hunduu kabaja guddaa yakki isaanii hundi Rabbiin irra darbamuufii kennaman. Duudhaan jaarsummaan walqabatu kun fakkeenya guddaa Nabiyyicha hamma barbaachisuu ol olfuudhuu fi sadarkaalee nabiyyoota Rabbii biroo gadi buusuuti.
Duudhaan biroo, kan Muslimii fi al-Bukaariin galmaa'e, dhiiraan yoo walbira qabaman hanqina dubartii beekkumsaa fi amantii irratti ibsa, garuu yaaduu fi qajeelfamoota Qur'aanaa fi hojiiwwan Nabiyyichaa hojiirra oolchuun qabatamaan duudhaa kana akka sirrii hin ta'initti kufaa taasisa. Boqonnaan kun Hadiisota 11 uf eeggannoo cimaan gamaaggama, dandeettii yaaduu danda'uu namaa fi humna madaaluu (logic force) fayyadamuuni. Qabiyyeen Hadiisaa amala isaa ibsa,

fudhatamuu fi dhabuu isaatis ibsa. Qur’aanni yeroo hundaa dandeettiin yaaduu ilma namaa dhugaa fi soba adda baasuu irratti ulaagaa amansiisaadha jedhee ibsa. Kanaafuu, Hayyootaa fi baratoonni muummee kam irraayyuu ta’an dandeettii yaaduu isaanii fayyadamuun barruulee Hadiisaa keessaa dhugaa argachuu qabu jedha.

## Boqonnaa Jaha

## Seenaa Dura Tureen Hadiisa Mirkaneessuu

Boqonnaa kana keessatti, ulaagaan seenaa durii kallattii seenaa qabiyyee Hadiisaa mirkaneessuu tuqamee jira. Seenaa qo'achuun murteessaadha, akeekaawwan jalqabaa isaa keessaa tokko barnoota. Seenaan akka yaadaatti dogongora dabre sirreessuurratti nama qajeelchuu qaba, milkaa'ina daran gaarii argamee ture dinqisiifachutti nama kakaasuudha. Qur'aanni seenaa bifa barsiisaatiin dhiheessa. Hadiisni barruulee seenaan walqabatan hedduu uf keessaa qaba, dhimmoota seenaa keessatti raawwatan danuus dabalatee. Gabaasonni yeroo garii seenaa tumsu ykn faallessu. Yoo gabaasni (duudhaa) tokko seenaa durii faallesse, duudhaan sun cancalli isaa sirrii ta'us, akka shakkisaatti ilaallama.

Mirkanaa'ummaa seenaa ilaaluuf, duudhaawwan, seenaa durii beekamaa kan akka lolaa, galmeewwan seenaa, guyyoota dhalootaa fi du'aa, walfakkeenya yeroo, fi kkfn walbira qabamuun ilaallamuu danda'u. Faallaa kanaa, Hadiisonni sirrii ykn mirkanaa'oo ta'an akka madda seenaa amanamootti ilaallamuu danda'u, gara kaaniin, akka seenaa durii sirrii fi dhaabbataattis ilaallamu. Hadiisonni mirkanaa'oon yeroo maddoota galmee seenaati.

Fakkeenyaaf, Muslim duudhaalee lama adda addaa kan umrii Nabiyyichaa gara garaa mul'isan galmeessee ture (umrii waggaa 65 fi 63) tti. Murteen isaa cancala gabaasaa ilaaluudhaani kan duudhaalee sanniin mirkaneesse. Osoo qabiyyee isaanii seenaa dhaabbataa beekkamaan walbira qabee jiraatee, garuu, silaa hojii isaa keessatti tokkuma qofa

galmeessa ture. Hayyoonni biroo umrii 63 tu irra mirkanaa'aa fi umrii du'a Nabiyyichaati jedhu.

Fakkeenya biroo keessatti, Muslim kan galmeesse Nabiyyichi eega Nabiyyii ta'ee booda waggaa 15, Hijraa booda Madiinaa keessa ammoo waggaa 10 ture jedheeti. Muslim gabaasuma kana qabee birootiin kan galmeesse Nabiyyichi eega Nabiyyii ta'ee booda waggaa 13, Hijraa booda Madiinaa keessa ammoo waggaa 10 ture jedheeti. Gabaasni Muslim seenaa dhaabbataa faallessa, kan al-Bukaarii garuu hin faallessu. Inumaayyuu, Nabiyyichi Makkaa keessa eega Ergamaa Rabbii ta'een booda waggaa 13 jiraate, Hijraa booda Madiinaa keessa ammoo waggaa 10 ture.

## Boqonnaa Torba

## Giddu-galeessummaa Hadiisa Mirkaneessuu

Boqonnaan kun fudhatamiinsa Hadiisaa ulaagaa birootiin walqabsiisa: giddu-galeessummaa dha. Islaamummaan kallattii jireenyaa madaalawaadhaan buufame. Seerotaa fi danbiiwwan isaa kanaafuu qajeelfama madaala waa hundaa, wanti maqaa Islaamaatiin ol guddifamu ykn markaraareffamu hundee qaama amantii kanaa akka hin taane ibsu. Hordoftoonni Nabiyyichaa hamma barbaachisuu ol meeshaaf dhimmamuu fi amantiifis uf keennuu irraa fagaachuu qabu. Dhimma jireenyaa tokko walmadaalchisuu dhabuun qixa kaaniin daangaa dabrutti (fiinxaaleyyummaatti) nama geessa.

Qur'aanni ilma namaa haaluma hunda keessattuu akka ilaalcha giddu-galaa ykn madaalawaa qabaatu affeera. Nabiyyichi hordoftoota isaa akka mankaraaressummaa irraa fagaatanii fi jireenya isaanii keessattis haqaa fi madaala sirrii irra dhaabbatan gorse. Barruuleen, gochaawwanii fi jechoonni isaa hunduu giddu-galessummaa (qixxummaa) mul'isu. Sababa kanaaf, amalli mankaraaressummaa cufti ykn jechoonni Nabiyyichatti irkifaman kamuu akka kijiba ta'i jedhamanii uumamaniitti kuffifamuu qabu.

Fakkeenyaaf, Nabiyyichi tooftaa, salaata dirqamaa fi sunnaas, akkaan madaalawaa barsiisan, yeroo fi anniisaa barbaachisus akkasuma. Kanaafuu, duudhaaleen yeroo fi anniisaa dabalataa namarraa barbaadan ni shakkisiisu, yoo kitaaba kana keessatti cancaloota isaanii keessatti dadhaboodha jedhamanii beekaman jechuudha. Hunda caala, duudhaaleen amala waldhabiinsa qabiyyee isaaniitiin kufaa ta'u.

Akkuma Qur'aanaa, Hadiisonnis waa'ee mindaa hojiiwwan gaarii fi adabbii hojiiwwan gadhee nama barsiisu. Qur'aanni odeeffannoo akkasii haala waliigalaatiin dabarsa, dhugaa waakkachuun gara miidhaa fi adabbii hamaatti geessa, Rabbiin tole jechuun ammoo Guyyaa Qiyaamaa gara badhaasa gaariitti geessa jechuudhaani. Barruulee Hadiisaa gara birootiin, waa'ee mindaa fi adabbii gadi fageenyaan uf keessatti qabata, muraasni isaanii bifa hedduu olkaafameeni. Fakkeenyaaf, hayyoonni Hadiisaa duudhaalee armaan gadii kijiba ta'uu murteessan, qabiyyee qofa irratti hundaa'uudhaani: Namni hirribaan dura kadhannaa (du'aa'ii) addaa wahii dubbise, Malaa'ikoota 700,000 kabajama; namni hirribaan dura jechoota faaruu Rabbii dubbise akka gaafa dhalateetti yakkarraa bilisa ta'a; xiinxalli saa'aa takka ibaadaa waggoota 60 caala; fi kkf. Fakkeenyonni kunniin hundi hamma barbaachisuu ol olkaasifaman malee qixa hadiisa Nabiyyichaatiin miti.

## Boqonnaa Saddeet
## Boqonnaa Bukaarii Murtii Duraa (Qadara) Irratti: Madaaluu fi Hojitti Hiikuu

Boqonnaan kun boqonnaa addaa Al-Bukaarii kitaaba murtii duraa (Kitab al-Qadar) irratti marii gochuu fi irra deebiin hiikuu irratti hundaa'a. Duudhaaleen 27 ulaagaa muraasa qofaan haala salphaan gamaaggamamuu hin danda'an, kanaafuu qixa hedduunii fi kallattiiwwan xiin-sammuutiin kophaa kophatti ilaallamuu qabu, sababa dhimma boqonnichi hammatuu fi dhiibbaa inni xiin-sammuu Muslimootaa irratti qabuuf jecha.

Hojiin al-Bukaarii kan *Jaami'i al-Sahiih* kuusaa Hadiisaa irra beekkamaa fi kabajamaa yoo ta'u, namoota hedduun eega Qur'aanaatii amanamaa fi sirriidhaattis ilaallama. Kitaabni kun yaada ykn sammuu Muslimaa irratti dhageetti hedduu argatee, akka madda seera Islaamaatti addunyaa Muslimaa keessatti hundarra dubbifamaa fi wabeeffamaa ta'e. Boqonnaan isaa kan murtee dhaloota duraa, yaada galma ilma namaa kan jireenyi namaa, xumura isaas dabalatee dura osoo inni hin dhalatin murteeffamu ilaallata. Duudhaalee jiran kan akka Muslimni itti gaafatama isaa hubatu godhan hedduu barbaachisoodha, kun gamaaggama uf eeggannoo cimaa barbaadus. Armaan gaditti sumudaa isaa ilaalla.

Walfalmiin murtee duraa irratti kaafamu addunyaa Muslimaa keessatti gadaa Islaamaa jalqabaa irraa eegalee jiraataa ture. Mormiiwwan hedduun yaad-didda sana tumsanii mul'atan keeyyata Qur'aanaa muraasa irratti hundaa'uudhaani, akkasumas duudhaalee muraasa irrattis, keessattuu isaan al-

Bukaariin kitab *al-Qadar* keessatti barreeffaman irratti hundaa'u. Inni duudhaalee isaa filataman keessatti dhugummaa cancalaa murteessuurratti nama amanamaa ta'eetu ilaallama. Akkaataa ulaagaa kanaatiin, duudhaaleen kitab *al-Qadar* keessatti maqaa dhahaman sirriidha jedhamanii fudhatamu. Haa ta'u malee, duudhaalee isaa 27n sababa gaaffi itti kaasutu jira, qixa qabiyyee barruutiin yoo ilaallamu.
Walumaagalatti, gulaala Hadiisaa keessatti qaamota tooftaalee shaniitu jira: cancala gabaastotaa, ergaa duudhaa sanaa, gabaasa maddoota biroo irraa kan fakkii duudhaa sanaa jabeessu, dur-duubee addaa hadiisa sanarrattii, fi ilaalcha hayyootaa mataa isaanii ilaalcha namoota biroo fudhachuu fi diduu keessatti.
Hayyoonni barumsa boqonnaa kanaa Al-Qadar- jedhanii yaaman, kallattiiwwan hedduun keessattuu: angoo, dandeetti namaa, angoo Rabbii xumura hin qabne, ajaja Rabbii, murteeffannaa fi murtee Rabbii fa'a. Hayyuun Hamzaa Muhaammad Qaasim, murtee duraa akka beekkumsa Rabbiin wantoota osoo isaani hin argamin dura beekuudha jedha; Ibni Teeymiyyaan qixa lamaan murtee duraa kana ifa godhe: Beekkumsa Rabbii dhuma hin qabne kan waa'ee hojii uumamtoonni uf duratti hojjatanii fi waan namaan walqabatu hundaa; fi angoo Rabbiin fedhiin waan hundarratti qabuudha, hojii namaas hammatee. Qur'aanni jecha *al-Qadar* bifa gara garaatiin yeroo 132 fayyadame, hiikni isaa akkaataa qabiyyee fi galumsa isaatiin gar gara ta'a, akka waliigalaattis garee 14tti hirame. Galumsa muraasa keessatti dhimmoota namaa fi Uumaatti hiikama (angoo, dandeettii, dandeessisuu), gariin

ammoo nama qofaan hidhata qabaata (tilmaama, madaala, dandeettii), ammas kanneen biroo Rabbiif qofa fayyadaman (murteffannaa, murtii dhumaa, kkf…).

Qur'aanni murtii Rabbii ykn murtii Isaa xumuraa miiraa murtii duraa kan jireenya ilma namaa hunda gadi fageenyaan irratti murteessuutiin hin dubbanne. Yoo ilaallu, yaadni murtii dhaloota duraa caaseffama Qur'aanaatiin hedduu walitti hin galu. Qur'aanni itti gaafatama hamilee namaa fi jinnii irras kaaye, yaad-rimeewwan hamilee fi hojiiwwan namaa sunniin kan dursa murtaa'an ta'uu dhabuu malu. Amaloonni qaamaa fi beekkumsa namaa gara birootiin kan murtee duraatiin murteeffaman ta'uu malu.

Hayoonni murtee dhalootaan duraa kan jireenya ilma namaa hima Qur'aanaa kanaan itti dhihaatuu yaalan: "***Kan isiniif I waan isin hojjattan hunda uume Rabbi"*** **(37:96**). Ibnu Hajar akka jedhutti, qixa duudhaa Muslimiin barraa'eetiin, keeyyanni kun jireenyi ilma namaa waan uf keessaa qabu hunda waliin murtee duraatiin ifa godhame jedha". Haa ta'u malee, keeyyanni kun uumama hojiiwwan ilma namaa irraa hin dubbatu, garuu inni qaama hima Nabi Ibraahiim ummata isaa taabota dhagaa fi mukarraa bocanii gabbaruu turaniif dubbatameedha. Keeyyata sana galumsa isaatiin ala dubbisuun dogongora, hubannaa fi hiikkaa dogongoraatti nama geessa.

## Galmi ilma namaa gadaamessa haadhaa keessatti dursee himamuu

Hadiisni duraa kitaab *Al-Qadar* keessaa asitti madaalama. Abdallaah ibni Mas'uud Nabiyyichi akkana jedhuu gabaase: yemmuu daa'imni gadaamessa haadhaa keessa jirutti,

malaa'ikaan Rabbiin biraa dhufee hojiiwwan isaa, yeroo du'u, hiree isaa fi amantii keessatti qajeelaa ykn jallataa ta'uu isaa barreessa jedhe. Duudhaan kun mirkanaa'aadha, ulaagaalee sadan walitti fufiinsa, qulqullinaa fi yaadannoo jedhan waan guutuuf jecha. Ulaagaaleen kunniin cancala irratti hojiirra oola, lamaan boodaa (faallaa ta'uu dhabuu fi mudaan ykn hanqinni) galumsaaf hojiirra oolu. Haala kanaan, duudhaan kun (barruu guutuu waliin) yeroon turtii miciree/rimaya namaa torbaanota 17f turuu hima, akka saayinsiin himamu sana torbaanota lamaafii miti. Tarii jechi gabaasa keessatti dhimma itti bahame yeroo turtii miciree/rimaya boodaa (guddina hamma tokkoo) malee yeroo turtii miciree/rimaya bakka hin bu'u ta'a.
Himni Qur'aanaa (23:13-14) dhimma kana ilaalchisee baayoolojii ammayyaatiin kallattiin walsimata-nama ajaa'iba, gadaa Nabiyyichaa suura-guddiftuun (microscope) fi meeshaaleen biroo jiraachuu dhabuu waliinuu. Duudhaa ykn gabaasa addaa al-Bukaarii kanaan walqabatee, wanti gara caalu ta'uu malu tokkoon gabaastotaa yeroo turtii guddina miciree/rimaya kana dogongoruu mala kan jedhuudha. Wanti fakkaatu yeroon turtii miciree/rimaya torbeewwan 17 ta'uu waan boodarra Hadiisa keessatti galfame fakkaata, kanaaf kun ammoo mudaa (illah) gabaasaa ta'a, kan gabaasni guutuun sababa kanaaf muda-qabeessa ta'u jechuudha.
Muslim barnootuma walfakaatu keessatti duudhaa sirrii ta'e gabaasee jira, garuu yeroo al-Bukaariin qabxii galmi namaa itti galmaa'u torbeewwan 17n gabaasetti, gabaasni Muslim kana torbeewwan jaha booda qofaan kaa'e. Yemmuu duudhaaleen walqixa amansiisoo haala kanaan waldhaban, tokkoo isaanii

qofatu fudhatamuu qaba. Ifatti dubbachuuf, gabaasni Muslim kan al-Bukaarii daran cimaadha. Kan Muslim mudaa keessoo kamuu hin qabu, argannoowwan ammayyoo muummee inginariingii sanyii namaa wajjiinis walsimata ykn waliigala. gabaasni al-Bukaarii gabaas-addee (shaazz) fakkaata, sababni gabaasa Muslim kan daran amansiisaa ta'een yoo walbira madaalamu walfaallessa.

Gabaasa dabalataa bal'aa duudhaa hojiiwwan jirenya namaa irratti hundaa'uun, gabaasni al-Bukaarii murtee duraa kan galma ilma namaa bakka hin bu'u, garuu beekkumsa Rabbii guddaa ibsa. Gabaasichi yaada warra ahal-al-Sunnaa fi Qaadiriyyaa ni faallessa, garuu tooftaa jireenya riphaa ni tumsa. Garuu, gabaasa al-Bukaarii guutumatti kuffisuu irra, dogongoroota gabaasa keessa jiran adda baasuu fi akkataa ragaalee amansiisoo birootiin fooyyessuun gaarii ta'a. Madaalliin uf eeggannoon godhamu gabaasicha fooyyessuuf ni gargaara ta'a, galmi kan galmaa'u ulfa booda guyyoota 42 irraayi, eegasiis Rabbiin turtii jireenyaa, hojiiwwan, hiree fi hojii (gaarrii ykn gadhee) kan jedhu murteessa. Yeroo xiqqoo osoo jireenyi namaa hin xumuramin dura, galmi sun isa irratti hojjatee hojiiwwan gaggaarii gara Jannataa isa geessan raawwata. Kanaafuu, tooftaan beekkumsa saayinsiitiin walsimata, torbaannan duraa jahan hedduu murteessoodha.

Gabaasni gara dhumaa waa'ee murteen duraa nama irratti ol ta'uu dubbata, jannata ykn ibidda (azaaba) seena kan jedhu ture. Tilmaamaan wanti fakkaatu, galmi (al-kitab) seeroota qajeellumaa fi dabaa ifa godha, jireenya keessatti ammoo kennaa fi adabbiis addeessa. Qajeellumaa fi jallinni akka

barbaachisaa ta'etti, nama irratti hundaa'u. Ergaa Rabbii fudhachuu fi diduun fedhii Rabbiiti. Qur'aanni akki jedhu, ***"Nama fedhe ni jallisa, nama fedhes karaa sirrii irra kaa'a, garuu kan jallisu yakkamtoota qofa"*** **(2:26).** Galmi ykn murteen duraa namarratti raawwatuu ykn ol tahuu jechuun, jrieenyi namaa seera Rabbii xumura hin qabne kan qajeellumaa fi yakka raawwatuutiin hoogganama jechuudha.

## Mirgoota Namoota Biroo Sarbuun Dhoorkamuu

Duudhaan Al-Bukaarii biroo dubartoonni Muslimaa akka Rabbiin irratti irkatanii fi heeruma keessattis tumsa Isaa barbaadan barsiisa; ishiin takka waan tuun qabdu harkaa fudhachuu osoo hin taane, tattaaffii cimaa gochuun kallattii sirrii abbaa warraa gaarrii ittiin argattu barbaadhuudha jedha. "Nabiyyichi akka jedhe: 'Dubartii kamuu hiikkaa (xalaaqa) obboleettii ishii hawwuu hin qabdu, qodaa duwwaa argattee ufii itti heerumuuf haala mijeeffatuuf jecha, waan murtaa'ee ni argatti waan ta'eef jecha. Duudhaan kun seenaa keessattii fi har'a hojirra oola, dubartoota hawaasa ammayyaa keessatti abboonni warraa gaggaariin baay'inna waan hin qabneef jecha; dubartoota heerumanii fi hin heerumin giddutti rakkoo waanyotti geessaa jiras. Yemmuu hawaasa bilisaan walitti makuun hariiroo laafaa fidu, bu'aan xumuraa hiikkaa nikaahaa ta'a, dubartiin carraa haarawa kana eegdus ni baay'atti. Karoorri kun dhiira akka obboleessi isaa niitii hiikee ufii fuudhuuf gaafatulleef ni hojjata. Kanaaf, duudhaan kun amanamaadha.

## Rabbiin Qabaataa Waa Hundaati

Duudhaan Al-Bukaarii fi gabaastota amanamoo hedduu akka himutti wanti hunduu yeroo itti saganteeffame sanatti raawwata, kunis “Wanti Rabbiin kenne kan Isaati, wanti Inni fudhates kan Isaati” jedha. Duudhaa kana keessatti, mucattiin Nabiyyichaa ergaa ergitee fi mucaan isaani hafuura du’aa baafachaa jira jechuun akka Nabiyyichi dhufee ishii dubbisu gaafatte. Yemmuu daa’imni du’e laphee Nabiyyii (SAW) irra kaayame, ijji Nabiyyichaa imimmaaniin guutamte. Yeroo sana akkana jedhe: “Kuni mararfannaa Rabbiin onneewwan gabroota Isaa keessa kaa’e, Rabbii gabroota mararfannaa qabaniin raahmata godhaafi”. Duudhaan kun ergaa armaan gadii dabarsa: duuti haqa lubbuun namaa kan Rabbiiti; duuti yeroo Rabbiin saganteeffamtetti argamti; maatiin nama du’aa jiruu obsuu qabu, Rabbiin irraayis waan gaarii tokko argachuu abdii horachuu qabu; nama du’aa jiru dubbisuun gohaarsuun duudhaa gaariidha; Rabbiin nama onne-laafaa godhe; Rabbiin warroota namoota biroof mararfatan ykn rifatan wajjiin jira.

## Nabiyyummaa Nabiyyichaa

Duudhaalee mudaa qaban armaan gadii wanti himan Nabiyyichi waan fuulduratti ta’u dubbatee addeessee jira, waan hamma Guyyaa Qiyaamaatti ta’u jechuudha. Cancalli gabaasotaa dadhabaa fi sirrii miti, duudhaan sun Al-Bukaariin barreeffamus, mirkanaa’aa ta’ee hin fudhatamu. Ammas, yoo Nabiyyichi jecha akkasii dubbatee jiraate, yeroon turtii isaa toorbaanotaaf tarii ji’ootaaf turuu danda’a, dhimma kana akka Nabiyyummaa isaatiif barbaachisutti babal’isuuf jecha.

Duudhaan kun shakkii malee waan ta'i jedhamee ol kaafameedha. Seenaa Nabiyyichaa beekamaa keessatti, wabiin ykn ragaan dubbii sanaaf argame hin jiru. Maddoonni ykn ragaaleen Hadiisaa hedduun tilmaamota akkasiitiin guutuudha, kanneen gabaasicha kana shakkii dabalataa keessa galchan.

**Walfalmii Aadamii fi Muusaa**

Gabaasni hin haalamne kan al-Bukaariin gabaafame akka himutti, Aadamii fi Muusaan akka waldhabanitti, Muusaan Aadam, abbaan isaa, jannata keessaa nu baase jedheeti. Duudhaan akka himutti, walfalmii kana keessatti, Muusaan Aadamiin maqaan waame. Garuu nabiyyiin tokko abbaa isaa maqaan yaamuun sirrii miti. Lammata, ilmi tokko abbaa isaa dogongora hajjateef balaaleffatuu hin malle. Qajeelfama tolinaa (qabiinsa gaarii) hojii irra oolchuu qaba ture. Jechoonni Muusaa fokkatoo fi kan ilma sodaa Rabbii qabu irraa abbaa sodaa irraa Rabbii qabuun hin jedhamu ture. Ammas, yakka Rabbiin dhiiseefiif maaliif Muusaan Aadamiin balaaleffata? Muusaan ergaa Rabbiin irraa waan fudhateef, gahee Sheeyxaanaa Aadamiin akka Jannata keessaa baasuu keessatti ni hubata ture. Akka Rabbi jedhutti kan balaaleffamu Sheeyxaana malee Aadamii miti. Garuu, akka gabaasa kanaatti, Muusaan Aadamiin balaaleffate. Kuni waan haarawaa fi amanuun nama dhibuudha.

Hariiroo abbaaf-ilmaa ilaalchisee, Rabbiin nabiyyoota hundaafuu qajeelfamoota hariiroo kanaa buusee jira. Dabalataanis, yaadni tolinaa dursee seera Muusaa keessa ture, hariiroo akkasiis hogganaa ture. Gaaffii Muusaan Aadamiin

gaafate dhugoomsuuf, namni tokko keeyyata (19:41-48) ilaaluu qaba, kan nabi Ibraahimis abbaa isaa morme. Garuu, Muusaa Aadamiin yakka Rabbiin dhiiseefiif balaaleffate, garuu Ibraahim abbaa isaa kan taabota gabbaru maaf taabota gabbartaaf hin balaaleffanne, malaan ykn bifa amansiisuutiin akka hojii taabota gabbaruu ykn kadhatuu dhiisu gaafate. Balaaleffatuu fi amansiisuun wantoota lamaan garagaraati. Manguddoota balaaleffachuun barbaachisaa miti, garuu akka dogongora dhiisaniif amansiisuun ykn suuta suuta onnachiisuun hojii akkaan itti ajajamuudha.

## Mirga Rabbii kan hin Daangeffamne

Gabaasni al-Bukaarii tokko akka addeessutti Nabiyyichi salaata booda akkana jedhe: “Rabbii tokkicha malee rabbi hin jiru, Inni waahela hin qabu; Yaa Allaah! Kennaa kee namuu adda hin kutu; waan ati dhoorkatte namuu hin kennu; faallaa kee namuu gargaarsaaf hin birmatu”. Cancalli maxxansa al-Bukaarii duudhaa kanaa haalaan amansiisaadha. Nabiyyichi akkasumaan salaata booda barruu dubbisuun sun, sadarkaan guddina Rabbii nama biratti yeroo hundaa yaadatamuu qaba ka jedhu mul’isa. Faallaa amantiiwwan biroo, Islaamni amaloota Rabbii sirritti ifa godha. Yemmuu kitaabban amantii biroo keessatti Inni namaan gaafatamu ykn komatamu, Islaamni ammoo Muslima Rabbiin akka hin balaaleffanne barsiisa, Inni hunda-danda’aa fi wanti dachee fi samiiwwan keessaa hundi kan Isaa ta’uu fi Inni Hundaa Ol ta’uus barsiisa. Duudhaan kun akka Rabbii hiree fi jaalala qabuu fi kennuus ykn gadi dhiisuu

danda'us jajjabeessa. Kanaafuu duudhaan kun mirkaa'aa ykn sirriii ta'uutu amanama.

### Du'a Hamaa Dhibee Daddarbaan Argame

Haati warraa Aa'ishaan waa'ee dhibee qorsa hin qabne kanaa isa gaafatte. Duudhaa kanaan Nabiyyichi akkana jedhuutu gabaafame: "Inni sababa dhukkubbii Rabbiin abbaa fedhetti erguudha, garuu Rabbiin amma warroota amananiif madda raahmataa godhe, namni magaalaa keessa jiraatu dhibeef saaxilamuu mala waan ta'eef, gadi dhiisee bahuu hin qabaatu, obsa qabaachuu fi mindaa Rabbii kajeeluu wayyaafi; wanti inni beekuu qabu waan Rabbiin dabarseefiin alatti wanti kamuu isa hin tuqu, ammas wanti beekuu qabu namni dhibee sanaan du'e akka nama karaa Rabbii keessatti du'eetti (shahiid) mindeeffama." Gabaastonni cancala kanaa hunduu haalaan amanamoodha, ammas barruun isaas kallattima qajeelfamoota Islaamaatiin kaayame.

Islaamni hordoftoota isaa waan hunda keessatti akka obsa qabaatan gorsa. Magaalaan dhibee daddarbaan hubamte addunyaa gara alaa irraatti cittee jirti fi tursiisa keessas jiraatti. Kanaafuu seenuu fi bahuunis dhoowwaadha. Namoonni dhibee hamaa sodaachaa jiraatan, garuu Rabbiin qofatu namoota balaa/dhabama irraa baraara. Muslimoonni duuti akka isaan qaqqabdu ni amanu, kanaaf dhibee jalaa baqachuun du'a jalaa baqachuu akka hin taane ni amanu. Duudhaa Nabiyyichaa kun hordoftoota akka Rabbiin abdii godhatan gorsa, ammas Rabbiin qofti madda jireenyaa fi du'aa akka ta'e isaan yaadachiisa. Namni osoo dhukkubbii fi laalaa dhibee sana

obsee Rabbirratti irkatee jiruu dhibee sanaan du'e, Guyyaa Qiyaamaa Rabbiin mindaa kennaaf. Garuu, Hadiisni kun bifa al-Bukaarii keessatti gabaafame sanaan wal hin simatu, gulaaltonni jajjaboonilleen boqonnaa kana keessa maaliif akka galfame sababa gahaa himuu hin dandeenye.

## Fedhii Rabbii

Duudhaan kun akka ibsutti Nabiyyichi akkana jedhe: "Rabbitti kakadha, osoo fedhii Rabbii ta'uu baatee, karaa qajeellumaa hin qajeelfamnu ture, salaatuu ykn soomuus hin dandeenyu ture. Yaa Allaah! nageenya sammuu nurratti buusi, lola hin barbaachifne kan warroonni didan nurratti fe'an irratti jajjabina nuuf kenni." Sararran kabajaa kunniin hafuura Qur'aanaa isa dhugaa ibsan, akkasumas dhimmamuu Nabiyyichaa fi Rabbiin gadi fageenyaan kadhachuu mul'isa. Duudhaan kun akkamitti akka Rabbitti dhihaatan nu barsiisa. Rabbiin kadhachuun hawwima qofa osoo hin taane tooftaa qabatama jireenyaas hammatuu qaba. Namni tokko karaa dhugaa irra turuuf waan danda'u hunda sirnaan hojjachuu qaba, ammas wanti beekuu qabu qajeellumni namaan osoo hin taane guutumatti kennaa Rabbii fi caalmaa guuddaa akka ta'eedha.
Rabbiin yemmuu Qur;aana buuse, waan qajeellumaaf barbaachisu hundaa ilma namaatiif kenne. Gaheen namaa , durii fi  ammas isa dubbisuu, qayyabachuu fi hojitti hiikuudha; Rabbiin ilma namaatiif dandeettii, humnaa fi aangoo kana hojjachuu isa dandeessisu guutuu kenneefii jira waan ta'eef jecha.

## Barreessaa

ISRAAR KAAN Tiyoolojii (qo'annoo amantiitiin) Yuuniversiitii *Aligarh Muslim* biyya Hindiirraa PhD qaba. Yeroo ammaa, Israar Yuuniversiitii Islaamaa Idil-addunyaa Maleeziyaatti, muummee Qo'annoowwan Qur'aanaa fi Sunnaatti gargaaraa pirofeesaraati. Muumeewwan qo'annoo isaa gurguddoon qo'annoolee Qur'aanaa fi Hadiisaati. Qo'annoolee hedduus Afaan Arabaa irraa gara afaanota Urduu, Ingiliffaa fi Hindiitti hiikee ture, hojiiwwan hedduus Ingiliffaan maxxansiisee ture. Qo'annoo Qur'aanaa: *Seensa (2000),* Yaad-didda Dhabamaa: *Madaallii Cimaa (2006*), fi Qur'aana Hubachuu ykn Qayyabachuu: *Ibsa (2006,)* kan jedhaman fa'a qopheessee ture.

Boordii gulaaltotaa maxxansaalee barnootaa hedduu ta'uun, maxxansa barruulee beekkumsaa (*Intellectual Discourse)* jedhu kan Yuuniversiitii Maleeziyaa dabalatee, maxxansaalee idil-addunyaa beekkamoo hedduu irratti barruulee hedduu maxxanseera, konfiransii fi leenjiiwwan (seminars) idil-addunyaa hedduu irratti hojiiwwan isaa dhiheessee ture.

# Kitaabni Kuni

Kitaabni walittii fufaan (silsalaa IIIT) jedhamu kun maxxansaa dhaabbatichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qabaataniif barreeffameedha.

Addunyaa har'aa walxaxaa fi raafamtuu taate tana keessatti miidhaan hadiisota amanamoo hin taane fi soba tahan kanneen amaloota finxaalessummaa seeromsuuf oolan, fatwaa jeequmsaa, waca jeequmsaa keessattuu dhimma dubartootaa irraatti jiru salphaa osoo hin taane dhimma akkaan hamaati.

Israar Khan himamsa afaanii fi barruu keessatti akka gadi qabuun of eegganoo cimafi akkasumas kalaqaawwan sobaa kana irratti xiyyeeffatan seenaa guddina isaa gara boodatti deebisuu xiinxalee jira. Barreessichi tooftaa muraasa yookaan mala adeemsa dhufiinsa hadiisota "sirriidha 'jedhamanii irratti qeeqa isaa kaa'ee jira.

Ulaagaawwan hayyoota duraanii irraa fudhataman irratti xiyyeeffachuun akkaKhan jedhutti akkaataa galumsa hadiisaa dhiisanii itti fufiinsaa fi dhugammaa namoota hadiisa odeessaan iratti garmalee xiyyeeffachuun gara hadiisa biraatiin walfaallessuutti ykn immoo Nabi Muhaammad (S.A.W) akka waan soba dubbatiniitti ykn barsiisa qur'aanaa hin calaqqisiifneetti hubatuu keessa nama galcha.

Walitti galaan, ragaaleen baay'ee barbaachisa ta'an walitti qabaman har'aan tana jiran, akka guddinni saayinsii qeeqa hadiisaa danda'amu godhee jira.Beektonni musliimaa hojii dhukkubbii namaa cabsu kana hojjachuu isaaniitiifi barruulee hadiisaa hanga dandeettii isaaniitiin kunuunsuu isaaniitiif dinqisiifatamuu qaban.Tahullee Khaan Kan irratti cichu, hanga poolisiin karra cufaa hadiisa dhugeessuu/dhugoomsuu marsitee jirtu tun irra deebiin qoratamtutti adeemsichi itti fufaadha jechuun falma.